

Yaadannoo Gabaabaafi Gaaffilee Shaakalaa Koorsii Sakatta'a Og-barruu Oromoo (Afor 211)

**Sagantaa Leenjii Dippiloomaaf (10+3) BBO tiin Kaadhimamtoota Barsiisotaa
Barnoota Afaan Oromoo Sagantaa Galgala 4^{ffaa} tiif Qophaa'e.**

Baay'ina Wayitii-2

**Qopheessitoonni: 1. Yooseef Qixxeessaa (MA) KBB Adoolaa
2. Taakkalaa Tamasgeen (MA) KBB Adoolaa
3. Geetaachoo Hundee (MA) KBB Adoolaa**

Ebla, 2012

Finfinnee

Baafata

Qabiyyeewwan

Fuula

BOQONNAA TOKKO.....	1
1. Sakatta’a Guddina Ogbarruu Oromoo (1830—1990A.LA).....	1
1.1. Sakatta’a Guddina Ogbarruu Oromoo Biyya Alaa	1
1.1.1. Sakatta’a Guddina Ogbarruu Oromoo Biyya Faransaayii.....	1
1.1.2. Sakatta’a Guddina Ogbarruu Oromoo Biyya Jarmaan.....	1
1.2. Sakatta’a Ogbarruu Oromoo Biyya Keessaa.....	2
1.3. Sakatta’a Ogbarruu Oromoo Bara 1900—1991 (ALA).....	3
1.3.1. Bara Hayile Sillaasee (1928—1974).....	3
1.3.2. Bara Xaayilaanii Booda (1941—1974).....	4
1.3.3. Bara Dargii Keessaa (1974—1991 ALA).....	4
1.4. Ogbarruu Oromoo Bara 1991 ALA Asitti	4
BOQONNAA LAMA	5
2. Guddina Ogbarruu Oromoof Namoota Hirmaannaa Olaanaa Taasisan (1830—1991)	5
2.1. Lammiilee Oromoo Hirmaannaa Olaanaa Taasisan	5
2.1.1. Onesmos Nasiib	5
2.1.2. Asteer Gannoo	6
2.1.3. Sheek Bakrii Saphaloo	6
2.1.4. Luba Dafaa Jamoo	6
2.2. Lammiilee Biyya Alaa	7
2.2.1. Joomardii.....	7
2.2.2. Kaarl Tuuscheek	7
2.2.3. Joon Kiraaf.....	7
BOQONNAA SADII	8
3. Ogbarruu Afaan Oromoo Maxxanfamaniifi Hinmaxxfanfanne	8
3.1. Ogbarruu Oromoo Maxxanfaman	8
3.1.1. Galmee Jechootaa	8
3.1.1.1. Galmee Jechootaa Lammii Alaan Qophaa’anii Maxxanfaman.....	8
3.1.1.2. Galmee Jechootaa Namoota Lammii Oromoo Ta’aniin Barreeffaman.....	8
3.1.2. Seerluga.....	8
3.1.2.1. Seerluga Afaan Oromoo Lammiilee Alaan Maxxanfaman.....	8
3.1.2.2. Seerluga Afaan Oromoo Lammiilee Oromootiin Maxxanfaman.....	9
3.1.3. Kitaabilee Afoolaa Maxxanfaman	9
3.1.3.1. Kitaabilee Afoolaa Lammiilee Biyya Alaan Qophaa’anii Maxxanfaman	9
3.1.3.2. Kitaabilee Afoolaa Lammiilee Oromootiin Qophaa’anii Maxxanfaman.....	9
3.1.4. Asoosamoota	9
3.1.5. Kitaabilee Amantaa Maxxanfaman.....	9
3.1.6. Barreeffamoota Dhimma Adda Addaaf Maxxanfaman	10
3.2. Barreeffamoota Hinmaxxfanfanne	10
Gaaffilee Shaakalaa.....	11
Deebii Gaaffilee	16

BOQONNAA TOKKO

1. Sakatta’a Guddina Ogbarruu Oromoo (1830—1990A.LA)

Kaayyolee Boqonnichaa:

Dhuma boqonnaa kanaatti kaadhimamtoonni barsiisotaa:

- Bara ogbaruun Oromoo qo’atamuu jalqabe nihimu.
- Biyyoota ogbaruun Oromoo itti babal’achaa ture nitarreessu.
- Haala ogbaruun Oromoo itti jalqabeefi babal’ate ni ibsu.
- Dhiibbaa guddina ogbaruun Oromooratti raawwatamaa ture ni himu.
- Xiyyeeffannaan barreeffamoota Oromoo yeroo sanaa maalirratti akka ta’e ni ibsu.

Ga’umsa Barachuu yoo xiqqaate kaadhimamtoonni barsiisotaa gonfachuu qaban:

- Bara ogbaruun Oromoo qo’atamuu jalqabe himuu.
- Biyyoota ogbaruun Oromoo itti babal’achaa ture tarreessuu.
- Haala ogbaruun Oromoo itti jalqabeefi babal’ate ibsuu.
- Dhiibbaa guddina ogbaruun Oromooratti raawwatamaa ture himuu.
- Xiyyeeffannaan barreeffamoota Oromoo yeroo sanaa maalirratti akka ta’e ibsuu.

Ogbaruun Oromoo sadarkaa har’a jirurra kan ga’e seenaa bara dheeraa keessaa darbuudhaanidha. Dhiibbaa afaanicharra tureen sadarkaan guddina isaa daangeffamee ture. Afaan Oromoo qubee mataa isaan bara 1991 A.L.A barreeffamuuf mirga argate.

1.1. Sakatta’a Guddina Ogbarruu Oromoo Biyya Alaa

- Qorannoon Ogbarruu Oromoo kan jalqabe Awurooppaa keessattidha. Kunis haala daldala garbaa waliin kan walqabateen ture. Bara 1830 A.L.A keessa daldalli garbaa adeemsifamaa waan tureef Oromoonni sababa daldala kanaan biyya keessaa qabamanii biyyoota Awurooppaa kanneen akka Faransaayii Jarmaniitti geffamaa turan.

1.1.1. Sakatta’a Guddina Ogbarruu Oromoo Biyya Faransaayii

- Namoonni **Waareefi Gaboo** jedhaman Oromiyaa bakka Limmuu jedhamurraa **bara1830 Awurooppaa, Magaalaa Faransaayii, Paaisitti** geffaman. Achittis hayyuu **Ji’oogiraafii, Edme Francious Jomard** waliin walbaran.
- **Jomardiin, Waareefi Gaboo** raga himtoota taasifachuun **bara 1839** tti “**Bulletin Dela Societe de geographic**” kitaaba jedhamu keessatti, “**Notice Surles (Oromo) de Limmu**” kan jedhu maxxansiiseera. **Waareefi Gaboorraa** odeeffannoo argateen: Waa’ee teessuma lafa Afrikaa Bahaa, Laga Dhidheessaa, Waa’ee jireenya Oromoofi **jechoota Oromoo 1,000** barreesseera. Gama biraatiin: faaruu loonii, sirba jaalalaafi sirba yeroo waraanaa muraasa barreesseera. Kunis Afaan Oromoo yeroo jalqabaaf barreeffame jedhamee beekame. **Afoolli** kun Qubee Laatiiniin (**in Latin Script**) barreeffame.

1.1.2. Sakatta’a Guddina Ogbarruu Oromoo Biyya Jarmaan

- Ogbaruun Oromoo biyya Jarmaan namoota Oromoo daldala garbaatiin achi dhaqaniin walqabata. Kanneen akka: **Akkafedhee Daallee, Ooshuu Aagaa, Bililleefi Amaan Goondaa** biyya Jarmaan keessatti qorannoo ogbaruun Oromootiif gahee guddaa qabu.
- ✓ **Akkafedheen** biyya Arabaatti maqaansaa **Osmaan** jedhaniin. Bara **1838A. L. A** biyya Jarmaaniitti mootii naannoo **Baavariyaa “Prince Maximillan”** jedhamutti gurgurame. Dargaggoota lammiilee **Sudaan** waliin **afur** taasifate. ‘Maxsimillan’ dargaggoota kanneen kunuunsuudhaan barsiisaa seeraa kan ture, **Karl Tuscheek** kan jedhamu **sadaasa 1838** tti qacareef. Akka **Pirofeesar Richard Pankirast** barreessetti, sababoota **Tuscheek** Afaan Oromoo qo’achuuf xiyyeeffatu taasise keessaa inni guddaan:

- ✓ Yeroo sanatti biyyoonni Awurooppaa waa'ee Itiyoophiyaa beekuuf fedhii guddaa qabaachuu isaaniiti. Kana malees, Tuscheek mataa isaatiin Afaan Oromoo qo'achuuf afaanota arfan caalaa salpaa ta'uusaa waan hubateefidha.
- Tuscheek Akkafedheefi Oshuu Aagaa gidduutti hiriyyummaa uumee ture. Lamaan isaanii barreeffamaan akka yaada waljijjiiran taasiseera. Yaada lamaan isaaniirraa fudhachuun ofiisaatii barreessee geessee dubbisaafii ture. Kunis kan ta'e bara **1840** keessa ture. Egaa Afaan Oromoo yeroo jalqabaatiif barreeffamaan walquunnamtiif kan tajaajile yeroo kana jechuun danda'ameera.
- ✓ Xalayaa kana namichi **Adihuka** gara Afaan Jarmaanitti kan jijjiire yoo ta'u, **Piروفeser Richard Pankhurst Afaan Ingiliziitti** jijjiireera. Qabiyyeen isaas, waa'ee muuxannoo yeroo ijoollummaa isaaniifi sodaa ofkeessaa qaba tokko tokko ture. Xalayaa kana Pankhurst “**Early Nineteenth Century Oromo Childhood Experience**” mata duree jedhuun Joornaalii qo'annoo barnootaa keessatti maxxansiisee jira.
- ❖ **Bililleen, Tuscheekiif** ragaa himtuu **sadaffaa** turte. Bara **1837** nama biyya Jarmaan **Herman Von Puckler Muskau** harka galte. Yommuu **Kaahiroo** turtettis maqaa ishee **Mahibubaa** jedhanii moggaasan. Hiiknisaas jaallatamtuu jechuudha.
- ❖ Ragaa himaa arfaffaan Amaan Goondaa ture. Innis, naannoo Oromiyarraa godina qabamee nama **Duke Poul Wilhelm** jedhamuun gara Jarmaaniitti fudhatame.
- **Karl Tutcheek** Oromoota kanneenirraa odeeffannoo argateen **Muddee 2, 1841** gabaasa **Royal Acadamey of Munich** tti dhiheessee ture. Gabaasa isaa kana keessatti: Galmee jechootaa Oromoo, waa'ee xalayoota Akkafedheefi Aagaa, sirba Oromoofi kadhaa Waaqayyoo akkasumas, walaloo geerarsaa walitti qabuusaa gabaaseera.
- ❖ Tutscheek hojiisaa sirriitti hojjechuun achii itti fufuu hindandeenye. Kanaaf gara **Kaahiroo** deemee qorannoo isaa itti fufuu murteesse. Garuu achitti dhukkubsatee, gara biyya isaatti deebi'ee **Fulbaana 6, 1843** boqote. Du'a isaa boodas obboleessi isaa hojii inni eegale itti fufuun walitti qabee maxxansiiseera.

1.2. Sakatta'a Ogbarruu Oromoo Biyya Keessaa

- Afaan Oromoo Qubee Laatiiniitiin biyya keessatti kan barreeffame bara **1814**tti jaawwaraa Gaafa Afirikaa yeroo sanaa gara Oromiyaa kan dhufe, **Henry Salt** nama jedhamuunidha.
- ✓ **Salt** akka jedhutti Oromoota (?) Haajii Abdilqaadir, Haajii Balaaliifi namoota Harargee biroo gaafatee kitaaba galmee jechootaa ‘**Southern Oromo Dialect**’ jedhu kan jechoota **129** ofkeessaa qabu, Afaan Oromoo kanneen akka Afaan Sumaaleefi Affaar waliin walbira qabee gara Afaan Ingiliziitti hiikuun barreesseera (Salt 1814).
- Ergamaan Faransaayii **Rochet D. Hericourt** jedhamu jalqaba **Onkoloolessa 1839** biyya Oromiyaa, Shawaa seenuudhaan aadaa Oromoo qo'achuurratti xiyyeeffate. Bara **1841** **Paarisitti** maxxansiise keessatti Oromoon Odaa jalatti Waaqayyoon akkamitti akka kadhatuufi sirba Oromoo barreessee ture. Qomoo/balbala Oromoo Shawaa barreesseera. Hayyuu qooqaa ta'uu baatus jechoota Afaan Oromoo walitti qabuudhaan kitaaba bara **1845** keessatti maxxansiiseera.
- ❖ **Kiraaf** lammii Oromoo nama **Barkee** jedhamu qacaratee Afaan Oromoo irraa baraa ture. Mootii Shawaa kan ture ‘**Saahile Sillaasee**’ irraa **Fulbaana 25, 1840** hayyama wangeela lallabuu argate.
- **Kiraaf Saahile Sillaasee** gammachiisuuf, **Ebla 6, 1840** boqonnaasaa jalqabaa **Wangeela Yohaannis Afaan Oromootti** jijjiiree **Qubee Saabaatiin** barreesuun itti agarsiise. Innis baay'ee gammadee **Kiraafiin** jatee galateeffate. **Kiraaf** garuu, Qubee Laatiiniin barreesuu isaa hindhaabne. Bara **1841—1842**tti **Kiraaf Wangelota arfanuu (Mathew, Mark, Luke and John)** hiikuun barreesseera. Bara **1843** tti ammoo **wangeela Seera Uumamaa** hikkeera.
- ✓ Akkuma kitaaba Seera Uumamaa jijjiiree xumureen, hiriyaasaa **Isenberg** waliin boqonnaaf biyyasaa galee ture. Boqonnaa booda, Kiraaf Itiyoophiyaattii deebi'ee hojiisaa hojjechuuf yeroo ka'etti akka hindandeenye itti himame. Sababiinsaas, akka **Piروفeser Pankirast barreessetti, luboonni Abisiiniyaa** (Orthodox priests), “Wangeelli Kiraaf lallabaa ture sirrii miti” jechuudhaan **Sahile Sillaaseetti** waan himataniif ture. Booda keessa **Itiyoophiyaatti**

- deebi'ee hojiisaa itti fufuuf **Sahile Sillaaseetti** jaarsummaa ergatulle mootichi tasumaa nidide. Qorannoon ogbarruu Oromoo biyya keessaas **waggoota kudhaniif** qabbanaa'ee ture.
- **Bara 1859 Fulbaana** keessa akka **Kiraaf** hojiisaa itti fufuuf mana sagadaa isaarraa gaaffiin ka'eefii ture. **Ebla 3, 1860** deebii yemmuu kenne, hojiisaa itti fufuuf, fedhii akka qabu ibse.
 - Yeroo sanatti **Itiyoophiyaa** keessatti hojiin kitaaba **Qulqulluu** jijjiiruu lammii Oromoo **Alaqaa Zannab** jedhamuun geggeeffamaa ture. **Alaqaa Zannab** gama isaatiin **Pirotestaantii lammii Jarmaan** kan ta'e, **J.M. Filad** kan **Tewodiroos** waliin walquunnamaa ture wajjin mari'achuun hojii jijjiirraa itti fufee ture.
 - **Filad, bara 1865** keessa **Kiraafiif** akka barreessetti, **Alaqaa Zannab** wangeela arfanuu **Qubee Saabaatiin** Afaan Oromootti jijjiiree xumuree waan tureef, galagalcha (copy) isaa gulaalaaf gara **Kiraafitti** akka erge ibsee ture.
 - **Jalqaba bara1866** ergamoonni **Pirotestaantii Itiyoophiyaa** keessa naannoo **Matammaa** turan lammii Oromoo nama **Ruufoo** jedhamu argachuu isaanii itti ergan. Sana booda **bara 1867 kakuu haaraa** Afaan Oromootti jijjiiree xumuruusaa gabaase. **Bara 1868** maxxansiisuuf gara **Kiriishoonatti** erge. Ta'us, hojii maxxansiisuu **boqonnaalee sadan** jalqabaa erga maxxansiisee booda hojichi dhaabbatee ture.
 - **Alaqaa Zannab** imaammata wangeela lallabdoota yeroo sana **Adawaa** keessa turan **'J. Benderifi C. Mayer'** hordofa ture.
 - ✓ **Alaqaa Zannab bara1870** kakuu haaraa Oromoota **Gabra Mikaa'eliifi Waarii** jedhaman waliin ta'uun jijjiiree xumure. Isa jijjiire kana karaa **Filad** gara **Kiraafitti** erge.
 - ❖ **Bara 1870—1875 tti kakuu haaraa jildii ja'aan (6n)** maxxansiisee xumuree ture. **Bara 1876 jildiwwan** kanneen walitti dabalani jildii tokkorratti maxxansiisanii baasaniiru.
 - ❖ **Bara 1877 Minilik, Zannab** akka hojiisaa itti fufu waan gaafateef, **kitaabota Musee Kiriishoonatti** erguun karaa **Kiraaf** maxxansiisee ture. **Bara 1881 Kiraaf** waan boqoteef, hojiin isaan **Alaqaa Zannab** waliin hojjechaa turan guutummaan guutuutti addaan cite.

1.3. Sakatta'a Ogbarruu Oromoo Bara 1900—1991 (ALA)

- **Mootummaan Minilik** hojii Afaan Oromootiin barreessuu **Kiraafiifi Alaqaa Zannabitti** danqaa guddaa ta'aa ture. **Jalqaba bara 1900** yeroo **Onesmos** gara biyya isaatti deebi'ee Afaan Oromoon hojjechuu jalqabettillee, **Minilik** gufuu guddaa itti ta'e. **Bara 1909—1913 tti** yeroo **Minilik** dhibamee sireerra ooletti (**bara Iyyaasuu**) to'annaan namoota humnaan bitamanii laafee, dhiibbaanis xiqqaatee ture. Manneetiin barnootaa dura Afaan Oromootiin jalqaban (**Naqamteefi Najjoo faa**) kan **Minilik** cufsisiise nibanaman. **Asteeriifi Lidiyaan Mana Barumsaa shamarranii Naqamteetti banan. Wallagga** keessatti Afaan Oromoo afaan barnootaafi afaan waaqessuu ta'e.
- **Dhaabni 'Phelps-Stokes Commission'** jedhu **bara1924** gabaasa dhiheesseen, mana barumsaa **Misiyoonii Wallaggaa jiranitti Afaan Oromoo** qofaatu afaan barnootaa ture. **Yeroosuma Harar, Dirree Dawaa**, bakka **Kaatoolikoonni** jiran, kitaabileen barnootaa Afaan Oromootiin qophaa'anii Afaan Oromoo afaan barnootaa taasisanii turan.

1.3.1. Bara Hayile Sillaasee (1928—1974)

- Hayile Sillaaseen erga aangoo qabatee, Afaan Oromoon barreessuu akkasumas, hojjechuun akka hindanda'amne taasise. **Xaayilaanonni (1935—1941)** biyya keenya qabatanii yeroo turanitti, Afaan Oromoo dabalatee afaanota biyya keenyaa biroo akka afaan barreeffamaafi barnootaa ta'aniif carraa kennitee turte.
- ✓ **Afaan Oromoo, Somaalii, Kafichoofi Adaree** qofti biyyoota afaanicha dubbatan gidduutti afaan barnootaa akka ta'an taasifame. Yeroo sana **Finfinnee** keessatti magaalota mana barumsaa hinqabneef, Afaan Oromootiin banaman.
- ✓ **Kitaabileen Afaan Oromootiin** maxxanfamanii turan. Qorannoonis Afaan Oromoorratti taasifame. Tamsaasni sagantaa raadiyoo Afaan Oromoo Jimmaa Abbaa Jifaarirraa darbaa ture.

1.3.2. Bara Xaayilaanii Booda (1941—1974)

- ❖ Qorannoon Afaan Oromooratti yeroos jaarraa tokko dura jalqabe, afaanichaan barreessuuniifi barsiisuun amma roobee ture tasuma came.
- ✓ Waldaalee adda addaa keessatti Afaan Oromootiin waaqessuun nidhorkame. Manneen barnootaa keessatti Afaan Oromoo afaan barnootaa ta'uun isaa nihafe.
- ✓ Keessattuu, **labsiin bara 1944 lakk. 3 irratti** bahe, Afaan Oromootiif baay'ee badaa ture. Labsichi Afaan Amaaraa qofti guutummaa biyyattii keessatti afaan hojii akka ta'u ture.
- ✓ Afaan Oromoo afaan hojiiifi barnootaa hintaane, akkasumas sagantaan raadiyoon darbaa turerra qoqqobbiin kaa'ame. Tamsaasni sagantaa raadiyoo kan baroota **1940—1960** tti darbaa ture nidhaabbate.

1.3.3. Bara Dargii Keessaa (1974—1991 ALA)

- ❖ **Bara Dargii** keessa biyya keessatti xiyyeeffannoon barreeffama Afaan Oromoo irra caalaatti holola sirnichaa babal'isuuf akka ta'utti ture. **Bara Hayile Sillaaseerraa** wanti adda taasisu, sirna kana keessa Afaan Oromootiin barreeffamoota garaagaraa kanneen waa'ee holola sirnichaa ibsan gargaaramaa turuudha.
- ❖ Yeroo sanattis Qubee Saabaatiin malee Qubee Laatiniin barreessuun dhorkaa ture.
- ❖ Baroota kana keessa lammii Oromoo kan ta'e **Lubni Dafaa Jamoo** barreeffamoota garaagaraa Afaan Oromootiin barreessaa tureera.

1.4. Ogbarruu Oromoo Bara 1991 ALA Asitti

- Kufaatii sirna Dargiitiin asitti Afaan Oromoo qubee isaa ta'uun biyya keessatti afaan hojiiifi barnootaa erga ta'ee amma ammaatti kitaabilee barattootaa dabalatee barreeffamoonni hedduun barreeffamanii maxxanfamaniiru.
- ✓ Dhimma **amantaa, siyaasaa, seenaa, galmee jechootaa, seerlugaa, asoosamaa, afoola, barruulee, gaazexaa (galaalchaa)** fi k.k.f dha.

Mirkaneeffata

T/L	Gaaffilee ofmadaallii	Eeyyee	Lakki
1	Bara ogbarruun Oromoo qo'atamuu itti jalqabe himuu nidandeessaa?		
2	Biyyoota ogbarruun Oromoo itti babal'achaa ture nitarreessitaa?		
3	Haala ogbarruun Oromoo itti jalqabeefi babal'ate nibsitaa?.		
4	Dhiibbaa guddina ogbarruu Oromooratti raawwatamaa ture nihimtaa?		
5	Xiyyeeffannaan barreeffamoota Oromoo yeroo sanaa maalirratti akka ta'e ibsuu dandeessee jirtaa?		

BOQONNAA LAMA

2. Guddina Ogbarruu Oromoof Namoota Hirmaannaa Olaanaa Taasisan (1830—1991)

Kaayyoolee Boqonnichaa:

Dhuma boqonnaa kanaatti kaadhimamtoonni barsiisotaa:

- Namoota jalqabbii ogbarruu barreeffamaa Afaan Oromoof hirmaannaa olaanaa taasisaa turan ni tarreessu.
- Dhiibbaa namoota Afaan Oromoo afaan barreeffamaa gochuuf yaalaa turanirra gahaa ture ni ibsu.
- Qaamolee guddina ogbarruu barreeffamaa Afaan Oromoo irratti dhiibbaa gochaa turan adda nibaafatu.

Ga'umsa Barachuu yoo xiqqaate kaadhimamtoonni barsiisotaa gonfachu qaban:

- Namoota jalqabbii ogbarruu barreeffamaa Afaan Oromoof hirmaannaa olaanaa taasisaa turan tarreessuu.
- Dhiibbaa namoota Afaan Oromoo afaan barreeffamaa gochuuf yaalaa turanirra gahaa ture ibsu.
- Qaamolee guddina ogbarruu barreeffamaa Afaan Oromoo irratti dhiibbaa gochaa turan adda baafachu.

2.1. Lammiilee Oromoo Hirmaannaa Olaanaa Taasisan

2.1.1. Onesmos Nasiib

Onesmos Nasiib abbaa ogbarruu Oromoo (the father of Oromo literature) jedhamuun beekamaa ture.

Maqaansaa kan warrisaa baasaniif **Hiikaa Awwaajii** ture. Namichi dhumatti isa bitates **Varner Muzinger** jedhama. **Varner Muzinger** “hinyaaddai’n ani kana booda nama biraatti dabarsee si hinkennuu” yeroo ittiin jedhu Hiikaan dhugaadha hinseene.

- **Bara 1871 Muzinger Hiikaa** akka barsiisaniif Mana Barumsaa Miishinii kan warra **Siwiidini** achi jiranitti kenne. Itti gaafatamaan mana barumsichaa ‘**Bengit Piter Lundihal**’ jedhama. **Waxabajjii 25, 1876 gara biyya Siwidini** magaalaa ‘**Stolholm**’ deemee barumsa isaa akka itti fufu itti murtaa’e. Achittis dabalata ‘**Thological Institute of Johannelud**’ jedhamu seene. **Turtii waggaa shanii booda, bara 1881, dippiloomaa** isaa fudhatee gara **Mitsuwwaatti** deebi’e.
- **Bara 1882, Amajjii 4, haadha manaasaa, Luba Saamu’eel, Hayiluufi Filiphoos** namoota jedhaman waliin gara biyyasaa **Oromiyaatti** adeemsa karaa jalqaban. **Adoolessa 1882** magaalaa qarqara galaana **Diimaatti** argamtu **Imkulluu** gahan. Onesmos erga **Imkulluu** gahees garaan isaa hinteenye. Namoota hafanii wajjin **ji’a tokkoon booda Shawaa** gahe. Minilikirraa hayyama dhabee, gara **Ertiraatti** deebi’e. Erga gara **Ertiraatti** deebi’ees barsiisuu itti fufe. **Macaafa Qulqulluu** gara **Afaan Oromootti** hiikuu eegale. **Akkasumas, jechoota Afaan Oromoo 6000** walitti qabee maxxansiisee ture. Walumaagalatti, **Ertiraa** keessatti gargaarsa barattuusaa kan turte **Asteer Gannoo** waliin kitaabilee kanaa gadii Afaan Oromootiin barreesseera:

1. Galata Waaqayyoo Gooftaa Maccaa
2. Macaafa Qulqulluu Kakuu Haaraa
3. Jalqaba Barsiisaa (Oromo Reader)
4. Macaafa Qulqulluu Kakuu Haaraafi Moofaa
5. Kaatekiismoos (Catechismos)
6. Garaan Namaa Mana Waaqayyoo Yookiis Iddoo Bultii Seexanaa (1899)
7. Tarrakaa Wangeelaa:

- ❖ **Onesmos** yeroo sadaffaaf **bara 1903** gargaartotaafi maatiisaa waliin adeemsa gara biyya **Oromiyaatti** eegalan. **Finfinnee** erga gahanii darbanii **bara 1904 Naqamteen** gahan. **Naqmttee** keessa darbuun **Najjootti** hojii wangeelaa hojjechuuf murteesse. **Bara 1904** keessa barattoota **kutaa 3tti** hiruun barsiisuu eegale. Barnoota ammayyaa Afaan Oromootiin barsiise. Kunis diina

itti hore. Hanga **bara1915tti** luboota Ortodoksiin dhiibbaan irra gahaa ture. Bara Iyyaasuu keessa eeyyamni seeraa waan tureef, yeroo xiqqoo sana keessatti mana **barumsaa shamarranii Naqmtteetti** banuudhaan **Asteeriifi Liidiyaan** akka barsiisan taasisee ture. Umuriin isaa dullumatti akkuma deemeen, **Waxabajjii 23, 1931** niboqote.

2.1.2. Asteer Gannoo

- Waa'ee baraa fi bakka dhalootaa Asteer Gannoo irratti ragaa quubsaan hinjiru. Maqaan dhalootaa ishee '**Gannoo Salbaan'** dha. **Gannoo Salbaan** yeroo sana **waggaa 12** turte. **Asteer Gannoo** kitaaba gara **Afaan Oromootti** jijjiiruufi barreessuurratti **Onesmosiin** gargaaraa turte.
- ❖ **Hojii Asteer Gannoo keessaa inni duraa, Kakuu Haaraa isa Onesmos** hiikee ture isaa wajjin keessa deebitee qajeelchaa turte. Isa booda ammoo kitaaba **Dr. Barth isa "Si'a lama oduu shantamii lama"** jedhamu Afaan Oromootti hiikte.
- ❖ Kitaabni kun **bara 1899 Chirischonaatti** yeroo maxxanfame, "*Translated in to the Oromo language by Onesmos Nasib, Swedish, Missionary*" jedha. Asteer Gannoo isa kanas gargaartee turte. Haati ogbarruu Oromoo, Asteer Gannoo hijii hedduu hojjette uummata ishee bal'aa bira hinga'in turaniiru.
Isaanis: Hibboo, Weedduu Tiksee, Hurursa Ijoollee, Weedduu Jaalalaa, Mammaaksa, Durdurii gabaabumatti gara **bifa dhibba shanii** walitti barreessite.
- ❖ Kana keessaa gareen tokko kitaaba isa **Jalqaba Barsiisaa** innis kitaaba Dubbisuu Afaan Oromootti jedhu keessatti galeera. Kitaabni kunis **bara1845 mana maxxansaa Misiyooniitti** maxxanfame.

2.1.3. Sheek Bakrii Saphaloo

- ❖ Maqaan isaa **Abubakar Usamaan Odaati. Saphaloon** maqaa ganda itti dhalateeti. **Abubakar Usamaan Odaa** ijoollummaa isaatti bakka **Waaybar** jedhamu dhaquun barnoota amantii **Islaamaa** barate. Achitti barnoota sadarkaa jalqabaa xumuree, **Carcar** deemuun barnoota sadarkaa lammaffaa itti fufe.
- ❖ Sheek Bakrii Saphaloo qubee Afaan Oromootiif ta'u qorachuun qopheessee ture. Qubeen inni qopheesse '**Indigenous Alphabet'** jedhama. Hayyoota Oromoo biratti '**Oromo Ortography of Bakris Saphalo'** jedhamuun beekama. Akeekkachiisa mootummaatiin osoo duuba hindeebi'iin barreeffama mata duree '**Shaldaa'** jedhu kan **fuula 20 qabu** qubee Afaan Oromootiin barreesse. Qbiyyeen kitaabichaa cuunfamee yommuu ilaalamu, hammeenya mootummaa Hayile Sillaaseefi miidhaa uummata Oromoorra gahaa turan kan ibsuufi uummata kan kakaasu ture.
- ❖ Dandeettiin hayyicha kanaa inni kan biroon **Walaloodha. Qabiyyeen walaloo** isaa cunqursaa uummata keenyarra ture kan ibsaniifi uummanni mirga isaatiif akka finciluufi akka falmu kan kakaasuufi tokkummaa uummata Oromooti.
Kitaabilee **saddeet Afaan Oromoofi Afaan Arabaatiin** barreesse keessaa **sadii** Oromoo kan ilaallatanidha. **Isaanis:** Sirna Gadaa, Seenaa Oromoofi demoograafii Oromoo Bahaa Harargeerratti kan qophaa'anidha.
- ✓ **Bara1978** umurii maanguddummaa isaatiin mana isaa dhiisee Somaaliyaatti baqate. **Hawwiinsaa Moqaa Dishootti** kitaabileesaa maxxansiisuu ture. **Caamsaa 5, bara 1985 ALA** umurii **waggaa 84** tti boqote.

2.1.4. Luba Dafa Jamoo

Lubni Dafa Jamoo bara sirna Dargii keessa guddina ogbarruu Oromootiif gumaacha guddaa taasiseera. Qubee Saabaatiin barreessaa ture. Hojiileen inni hojjete kanneen kanaa gadiiti:

1. **Huursaa:** Kitaabni kun **bara 1969** maxxanfame. Qabiyyeen isaa hiyyummaa balleessuuf dhiiraafi dubartii osoo hinjedhin harka walqabatani yeroodhaan hojiitti ka'uun barbaachisaa akka ta'e gorsuudha. Kitaabni kun bifa asoosamaatiin kan barreeffame ta'us ulaagaa asoosamaa hinguunne.

2. Aadaa Oromoo Wallaggaa: Kitaabni kun aadaa Oromoo Wallaggaa kan ibsudha. **Bara 1974** maxxanfame.

3. Kuusaa Sagalee Oromoo: Kitaabni kun **bara 1980** keessa qophaa'e. Qabiyyeen isaa jechoota Afaan Oromoo bifa galmee jechootaatii walitti kuusee kan qabatdha.

4. Safuu Biyyaa: Qabiyyeen kitaaba kanaa, aadaa Oromoo sirriitti keessa galee kan ibsudha. **Bara 1983** maxxanfame.

2.2. Lammiilee Biyya Alaa

2.2.1. Joomardii: Hayyuu Ji'oogiraafii lammii biyya Faransaayiidha. **Waareefi Gaboo** ragaa himtoota taasifachuun Afaan Oromoo afaan barreeffamaa taasise.

- ✓ Waa'ee lafaa, afaaniifi aadaa Oromooratti barreesaa ture.
- ✓ **Jechoota Afaan Oromoo 1,000** galmeessee ture.
- ✓ Afoola Oromoos barreesseera. Afoola inni barreesse keessaa: Kadhaa Waaqayyoo, Sirba Jaalalaa Sadiifi Sirba Lolaa (Geerarsa) ti.

2.2.2. Kaarl Tuuscheek: Lammii biyya Jarmaniiti. Oromoota daldala garbaatiin achi dhaqan raga himtoota taasifachuun Afaan Oromoo barreesaa ture. Barreeffamoota isaanirraa walitti qabe osoo hinmaxxansiisin du'e. **Obboleessi** isaa **Loorinzi Tuuscheek** bu'aa hojiisaa bifa kitaabaatiin maxxansiiseera. **Kitaabileen kunneenis:**

A. Dictionary of the Oromo Language: Galmee jechootaa Afaan Oromooti. **Bara 1844** tti maxxanfame. Jechootaa kun **kutaa lama** qaba ture.

I. (Oromo) ---- English---Germany: Fuula 205 fi jechoota garaagaraa 2,000 qaba.

II. (Oromo) ---English. Kun ammoo fuula 12 qaba.

B. Grammar of the Oromo Language

Kitaaba **seerluga Afaan Oromoo** ta'ee, **fuula 83** qabaachuun **bara 1845** maxxanfame. Kitaabileen lamaan kunneen maxxanfamuun hayyoota Awurooppaa biroos hojii qorannoo Afaan Oromootiif kakaaseera. Haaluma kanaan, **bara 1847 Prof. 'Newman of Menchester'** namni jedhamu kitaaba **'Notes on Oromo verb and Pronoun'** jedhu maxxansiisee ture.

2.2.3. Joon Kiraaf: Lammii Jarman kan ta'e, **bara 1839** biyya **Oromoo, Shawaa** seenuudhaan Afaan Oromoo barreessee afaanichaan uummatichatti wangeela lallabuuf yaalii gochaa ture. **Wangeela Yohaannis** qubee laatiniin Afaan Oromooti jijjiire. **Onkoloolessa 2, 1844 Kakuu Haaraa** keessaa wangeela Maatiwoos Afaan Oromooti jijjiire. **Jechoota Afaan Oromoo** baay'ee galmeessee **Londonitti** ergaa ture. Bara 1841—1842 tti wangeela arfanuu jijjiire. Bara 1843 tti kitaaba Seera Uumamaa jijjiire.

Mirkaneeffata

T/L	Gaaffilee ofmadaallii	Eeyyee	Lakki
1	Namoota jalqabbii ogbarruu barreeffamaa Afaan Oromoof hirmaannaa olaanaa taasisaa turan tarreessuu dandeessee jirtaa?		
2	Dhiibbaa namoota Afaan Oromoo afaan barreeffamaa gochuuf yaalaa turanirra gahaa ture ibsuu dandeessee jirtaa?		
3	Qaamolee guddina ogbarruu barreeffamaa Afaan Oromoo irratti dhiibbaa gochaa turan adda baafattee jirtaa?		

BOQONNAA SADII

3. Ogbarruu Afaan Oromoo Maxxanfamaniifi Hinmaxxfanfame

Kaayyoolee Boqonnichaa:

Dhuma boqonnaa kanaatti kaadhimamtoonni barsiisotaa:

- Ogbarruu Afaan Oromoo maxxansaman nitarreessu.
- Ogbarruu Afaan Oromoo hinmaxxansamne nihimu.
- Namoota ogbarruu Afaan Oromoo bal'inaan barreessanii maxxansiisan adda baafatu.

Ga'umsa Barachuu yoo xiqqaate kaadhimamtoonni barsiisotaa gonfachuu qaban:

- Ogbarruu Afaan Oromoo maxxansaman tarreessuu.
- Ogbarruu Afaan Oromoo hinmaxxansamne himuu.
- Namoota ogbarruu Afaan Oromoo bal'inaan barreessanii maxxansiisan adda baafachuu.

3.1. Ogbarruu Oromoo Maxxanfaman

Bara 1839 irraa eegalee ogbarruun Oromoo biyyoota alaafi keessatti bifa kitaabaan maxxanfamaa tureera. **Isaanis: Galmee Jechootaa, Seerluga, Afoola, Kitaabilee Amantii, Asoosama, Walaloofi** barreeffamoota dhimma adda addaarratti qophaa'nii maxxanfamanidha.

3.1.1. Galmee Jechootaa

3.1.1.1. Galmee Jechootaa Lammii Alaani Qophaa'anii Maxxanfaman

- ✓ **Bara 1842** biyya Ingilizii Magaalaa Londonitti hayyuun **J. L Krapf** hiika jechootaa Afaan Oromoo barreessuun maxxansiiseera. Kitaabni kunis, *“Vacabulary of the (Oromo) Lnguage”* jedhama.
- ✓ **Bara 1939** tti namichi lammii Xaaliyaanii Andre Jorouse (Abun Jakob) jedhamu galmee jechootaa, *“Dizionario Della Ligua (Oromo)”* jedhu maxxansiise.
- ✓ **Galmeen jechootaa** haala sirriidhaan qophaa'ee kan maxxanfame, **bara 1982** namicha **Gene Grag** jedhamuun ture. Qubee Laatiniin barreeffame. **Jechoota bu'uuraa 3,000**fi jechoota dhalatoo **6,000** ofkeessaa qaba. **Looga Afaan Oromoo bakka afuritti qooduun kaa'eera:** looga Dhiha Oromiyaa, looga Giddugaleessa Oromiyaa, looga Bahaa Oromiyaafi looga Oromiyaatiin alaati. Mata dureen isaa *“Oromo Dictionary”* jedhama.

3.1.1.2. Galmee Jechootaa Namoota Lammii Oromoo Ta'aniin Barreeffaman

- **Lubni Dafa** Jamoo Oromoota Galmee jechootaa Afaan Oromoo barreessan keessaa tokkodha. **Bara 1980 “Kuusaa Sagalee Afaan Oromoo”** jedhu Qubee Saabaatiin jechoota Afaan Oromoo qofa walitti qabuun maxxansiiseera.
- ✓ Itti aansuun Oromoon galmee jechootaa Afaan Oromoo maxxansiise, **Dr. Xilaahun Gamtaadha**. **Bara 1989** tti galmee jechootaa mata dureensaa: **“Oromo English Dictionary”** jedhamu maxxansiise. Qubee Laatiniin maxxanfame.
- ✓ **Mahadii Hamiid Muddeen**, **bara 1995**, galmee jechootaa maqaansaa **“Oromo English Dictionary”** jedhamu jildii tokkoffaa (Part I) isaa **Magaalaa Atilaantaatti** maxxansiiseera. **Taammanaa Bittimaas**, **bara 2000** keessa ammoo, **galmeen jechootaa matadureensaa “A Dictionary of Oromo Technical Terms”** jedhamu **Magaalaa Kolnitti** maxxansiiseera.

3.1.2. Seerluga

3.1.2.1. Seerluga Afaan Oromoo Lammiilee Alaani Maxxanfaman

- ✓ **Bara 1922** kitaabni seerlugaa Afaan Oromoo matadureensaa, **“An Elementary and Practical Grammar of the Oromo Language”** jedhamu **Magaalaa Londonitti** maxxansiifameera. Qubee Laatiniin barreeffame. **Namoota ‘A. W. Hodsonfi C.H. Walker’** barreesse.
- ✓ **Namni** maqaansaa **‘E. Viterbo’** jedhamu, **kitaaba seerlugaa Afaan Oromoo** mata dureen isaa **“Grammatica Edizionario della Lingua Oromonica”** jedhamu magaalaa **‘Milano’** tti **bara 1892** maxxanfameera. Waggaa tokkoon booda (**bara 1893**) kitaabni seerlugaa Afaan Oromoo

kan mata dureensaa “**Zur Grammatik der (Oromo) Sprache**” magaalaa Berilitti maxxanfameera. Nama maqaansaa **F. Praetorius** jedhamudha.

❖ **Bara 1939** keessa, kitaabilee seerlugaa **Afaan Oromoo sadiitu** maxxanfame. Kitaabileen kunneen namoota adda addaatiin magaalaa garaagaraatti maxxanfaman.

- ✓ Kitaaba mata dureen isaa “**Grammatica teorico, Pratica della lingua, (Oromo) con Esercizi**” jedhamu magaalaa **Milanitti** kan qopheessee maxxansiise **M.M Morenodha**.
- ✓ Namni **M. Borello** jedhamu, kitaaba isaa lammaffaa mata dureen isaa “**Grammatica della lingua Oromo**” jedhu qopheessee magaalaa **Terinotti** maxxansiise.
- ✓ **Kitaabni sadaffaan**, mata dureen isaa, “**A Grammar of Harar Oromo**” jedhu nama maqaansaa ‘**J. Owens**’ jedhamuun barreeffameera.

3.1.2.2. Seerluga Afaan Oromoo Lammiilee Oromootiin Maxxanfaman

- ✓ **Bara 1971** keessa kitaabni mata dureen isaa, ‘**Qajeelcha Afaan Oromoo**’ jedhamu maxxanfameera. **Baqqalaa Mullataatu** barreesse. Qabiyyeen isaa, garee jechootaa (Parts of speech) Afaan Amaaraa waliin walbira qabuun kan Afaan Oromoo barreessuu isaati. Waggaa lamaan **booda (1973)** kitaabni ‘**Hirmaata Dubbii**’ jedhu maxxanfameera. Fayyadamni qubee kitaaba kanaa isa yeroo ammaa itti fayyadamnurraa adda kan isa taasisu sagalee qubee Afaan Oromoo /dh/, /ny/fi /c/ qofadha.
- ✓ **Abdul Samad Muhammad bara 1994** kitaabni mata dureensaa ‘**Seerluga Afaan Oromoo**’ jedhu **Magaalaa Finfinneett** maxxansiiseera.

3.1.3. Kitaabilee Afoolaa Maxxanfaman

3.1.3.1. Kitaabilee Afoolaa Lammiilee Biyya Alaana Qophaa’anii Maxxanfaman

- ✓ **Bara 1922** lammii Xaaliyaanii kan ta’e ‘**Enrico Cherulli**’ namni jedhamu ‘**The folk Literature of Oromo of Southern Abssinya**’ mata duree jedhamuun qophaa’eera. **Bara 1923** ‘**The Folk Literature of (Oromo)**’ jedhu maxxanfameera.
- ✓ **Cotter George** namni jedhamu **bara 1990** kitaaba Afoola Oromoo keessatti bakka guddaa qabu mata duree ‘**Salt for Stew**’ jedhamuun maxxansiiseera. Kanatti aansuun **Profesor Claud Sumner** namni jedhamu mata duree ‘**Oromo Wisdom Literature**’ kan mammaaksota **1057** hiika isaanii waliin qabate maxxansiiseera.

3.1.3.2. Kitaabilee Afoolaa Lammiilee Oromootiin Qophaa’anii Maxxanfaman

- ✓ **Bara 1969 Abdurahaman Mohammad** kitaaba mata dureen isaa ‘**Oromo Proverbs**’ jedhu qopheessee maxxansiiseera.
- ✓ **Bara 1975 Lubni Dafa Jamoo** mata duree ‘**Gumbii Oduu**’ jedhu, geerarsa, mammaaksotaafi oduu durii ofkeessatti kan qabate maxxansiiseera. Kanarraa kaasuun hanga **bara 1992** tti kitaabni afoolaa hinmul’atin tureera.
- ✓ **Bara 1992 booda** ‘**Gumiin Qormaataa Afaan Oromoo**’ afoola Oromoorratti bifa jildiitiin kitaabilee baay’ee qopheessee maxxansiiseera.

3.1.4. Asoosamoota

Asoosamni jalqaba Afaan Oromootiin maxxansiifame **Huursaa** jedhama. Kitaabni kun ulaagaa asoosamaa hinguunne. Luba Dafa Jamootiin barreeffame.

- ✓ Kufaatii Sirna Dargiitti aansee, **bara 1991** kitaabni asoosamaa **Kuusaa Gadoo** jedhamu **Gaaddisaa Birruutiin** barreeffamuun maxxanfameera. **Bara 1992** tti kitaabni ‘**Godaannisaa**’ **Dhaabaa Wayyeessaatiin** barreeffamee maxxanfameera. **Bara 1993** tti ‘**Suuraa Abdii**’ **Kumsaa Buraayyuutiin** barreeffamee maxxanfameera. Baruma kana, Booree Booranaa Abarraa Hambisaatiin (bara 1993) maxxanfameera.

3.1.5. Kitaabilee Amantaa Maxxanfaman

- ✓ **Bara 1840** tti **Lawis Kiraf, Wangeela Maatiyoosiifi Yohaannis**, akkasumas **Kakuu Haaraa Afaan Oromootti** jijjiiree Qubee Roomaatiin maxxansiiseera. **Abuni Jaakob** kan jedhamu lammiin biyya alaa, **Bara 1880 Kaatikosmos** kitaaba amantii kiristaanaafi **bara 1881 wangeela Yammoo Nagaa** Qubee Laatiiniin maxxansiiseera.

- ✓ **Bara 1886 Hayiluu** kan jedhamu, namni **Harar Dhaabbata ‘Biritish and Foreign Bibilical Society’** jedhamuuf **Wangeela Maatiwoos qulqulluu** jijjiiruun isaa beekameera.
 - Onesmoos Nasiibii kitaabilee amantaa adda addaa Afaan Oromootiin maxxansiiseera.
 - **Bara 1900 Abuni Jaakoob**, kitaaba **Ragaa Mootummaa Waaqaa Kiristoosiifi Lafarraa Mootummaa ofii akka Dhaabe** jedhamu **Boonaafaasiitti, Qubee Laatiniin** maxxansiiseera. **Maartiin Nordifildit**, kan jedhamu lammiin Siwiidiniis **bara 1952, kitaaba Galata Waaqayyoo Gooftaa Maccaa**, jedhamu maxxansiiseera.

3.1.6. Barreeffamoota Dhimma Adda Addaaf Maxxanfaman

- ✓ Dargiin taayitaa mootummaa akka qabateen, Uummata Oromoo afaan isaatiin barsiisuuf, qajeelchi duulaa **bara 1967**, Barannoo Fidalaafi Dubbisaa maxxansiiseera.
 - Ayyaana araffaa warraaqsa uummata Itoophiyaa sababa gochuun koreen ololaafi dammaqsa **Fulbaana, 1971** kitaabilee **shan** maxxansiiseera.

1. Seenaa Dafqaan Bulaa Itoophiyaa Kaleessaa Hanga Har’aatti
2. Warraaqsa Itoophiyaafi Loltootaa
3. Qabeenya Lafa Baadiyyaa Kaleessaa Hanga Har’aatti
4. Lafa Mandaraatiifi Mana irraa Hafii Kaleessaafi Har’aa
5. Warraaqsa Itoophiyaa Keessatti Gahee Mana Barumsaa Siyaasaafi Gurmeessa Uummataa

- ✓ **Bara 1974** kitaabni **Dubbisa Akeeka Ogummaa** hojii jijjiirraatiin Daawit Shifarraatiin qophaa’ee maxxanfameera.
- ✓ **Asraat Damisee, ‘Gochaafi Barsiifata Duubatti Hafa Ta’aniifi Fayyaa Namaa Miidhan jedhu, bara 1983 A.L.H** tti kitaaba biroorraa jijjiiree maxxansiiseera.

3.2. Barreeffamoota Hinmaxxanfame

Barreeffamoonni kanaa gadii hinmaxxanfamin hafaniiru:

- ✓ **Abbaa Gadaa**, Asraat Damisee Tuulamaan barreeffame. Asoosama gabaabaadha. Dabalataanis, **Fakkeenya Dubbii Afaan Oromoo** kan jedhu oduu gaggabaaboo durii kudha tokko kan ofkeessaa qabudha.
- ✓ **Utuu Hinse’iinfii Gaaddidduu Farraa, Dhaabaa Wayyeessaatiin** barreeffaman. Seera Asoosama Ammayyaa guutaniiru. **Dukkanaan Duubas, isumatu** barreesse. Bifa Diraamaatiin dhihaate. Bara 1983 A.L.H Wallaggatti daawwatamaa ture.
- ✓ **Waa Lama Dhabuu, Gaaddisaa Birruutiin barreeffame. Bara 1982 A.L.H, Ebla 22 hanga Hagayya 29** tti sagantaa raadiyoo qophii Afaan Oromooratti seeneffamaa ture.

Mirkaneeffata

T/L	Gaaffilee ofmadaalii	Eeyyee	Lakki
1	Ogbarruu Afaan Oromoo maxxansaman tarreessuu dandeessee jirtaa?		
2	Ogbarruu Afaan Oromoo hinmaxxansamne nihimtaa?		
3	Namoota ogbarruu Afaan Oromoo bal’inaan barreessanii maxxansiisan adda baafattee jirtaa?		

GAAFFILEE SHAAKALAA

BARA 2012 SEEMISTEERA 2^{FFAA} TTI GAAFFILEE SHAAKALAA KOORSII SAKATTA'A OGBARRUU OROMOO (AFOR 211) QINDEESSUMMAA BBO TIIN KAADHIMAMTOOTA BARSIIISOTAA BARNOOTA AFAAN OROMOO SAGANTAA GALGALAA WAGGAA 4^{FFAA} TIIF QOPHAA'E.

Gaaffilee Kanaa Gaditti Dhiyaataniif Qubee Deebii Sirrii Qabatee Jiru Filachuun Deebii Kenni.

1. Afaanota gurguddoo Afrikaa keessatti bal'inaan dubbatamuun beekamtii qaban keessatti kan hinramadamne kami?
A. Afaan Arabaa B. Afaan Amaaraa C. Afaan Hawusaa D. Afaan Oromoo
2. Jalqabbii barreeffama Afaan Oromoo biyyoota Awurooppaa keessatti ilaalchisee sirrii kan ta'e kami?
A. Barri isaa murtaa'ee hinbeekamne.
B. Ragaaleen argaman adda addummaa qabu.
C. Daldala garbaatiin walqabata
D. Hundinuu deebii sirriidha.
3. Namni maqaan isaa 'James Bruce' jedhamuun, Afaan Oromoo bara kam keessa akka barreeffamuu eegale addeesse?
A. 1868 A.L.A B. 1814 A.L.A C. 1768 A.L.A D. 1840 A.L.A
4. Afaan Oromoo qubee mataa isaan barreeffamuuf mirga kan argate bara kami?
A. 1967 A.L.I B. 1991 A.L.I C. 1967 A.L.A D. 1991 A.L.A
5. Sakatta'a guddina ogbarruu Oromoo keessatti namoota Waareefi Gaboo jedhaman ilaalchisee sirrii kan hintaane kami?
A. Oromiyaa bakka Limmuu jedhamurraa bara 1830 Awurooppaa geeffaman.
B. Daldala garbaatiin gara Biyya Jarmaanitti fudhataman.
C. Hayyuu Ji'oogiraafii, Edme Francious Jomard waliin walbaran.
D. Qorannoon ogbarruu Oromoo akka eegaluuf shoora guddaa taphatan.
6. Sakatta'a guddina ogbarruu Oromoo biyya Jarmaan ilaalchisee sirrii kan hintaane kami?
A. Namoota Oromoo daldala garbaatiin achi dhaqaniin walqabata.
B. Akkafedhee Daallee, Ooshuu Aagaa, Bililleefi Amaan Goondaa gahee guddaa qabu.
C. Waareefi Gaboon qooda guddaa keessaa qabu.
D. Hayyuun Seeraa, Karl Tuscheek adda durummaadhaan gahee guddaa keessaa qaba

7. Akka Pirofeesar Richard Pankirast barreessetti, sababni Tuscheek Afaan Oromoo qo'achuurratti akka xiyyeeffatu taasise inni guddaan kami?
 - A. Mootonni Itiyoophiyaa Afaan Oromoo Qubee Laatiniin akka barreeffamuuf fedhii qabaachuusaaniiti.
 - B. Tuscheek Itiyoophiyaa seenuun jaalala biyyichaa waan horateefidha.
 - C. Biyyoonni Awurooppaa waa'ee Itiyoophiyaa beekuuf fedhii guddaa qabaachuu isaaniiti.
 - D. Hayyoonni Itiyoophiyaa Tuscheekiin tumsuuf qophii ta'anii jiraachuu isaaniiti.
8. Karl Tuscheek Oromoota waliin ture irraa odeeffannoo argateen Muddee 2, 1841 gabaasa 'Royal Acadamey of Munich' tti dhiheesse keessatti raawwiin hinhammatamne kami?
 - A. Macaafa Qulqulluu Afaan Oromootti hiikuusaa.
 - B. Waa'ee xalayoota Akkafedheefi Aagaa
 - C. Galmee jechootaa Afaan Oromoo qopheessuusaa.
 - D. Walaloo geerarsaa walitti qabuusaati.
9. Tuscheek Afaan Oromootiin xalayaa barreessuudhaan afaanichi yeroo jalqabaatiif barreeffamaan walquunnamiif akka tajaajile kan taasise bara kamittidha?
 - A. 1840 A.L.A
 - B. 1844 A.L.A
 - C. 1940 A.L.A
 - D. 1944 A.L.A
10. Afaan Oromoo Qubee Laatiniitiin biyya keessatti 'Henry Salt' nama jedhamuun kan barreeffame bara kamittidha?
 - A. 1868 A.L.A
 - B. 1814 A.L.A
 - C. 1714 A.L.A
 - D. 1768 A.L.A
11. Ergamaan Faransaayii 'Rochet D. Hericourt' hayyuun jedhamu kitaaba isaa bara 1841 A.L. Atti Paarisitti maxxansiise keessatti qabiyyee kamiin hammachiise?
 - A. Oromoon Odaa jalatti Waaqayyoon akkamitti akka kadhatu
 - B. Sirba Oromoo
 - C. Qomoo/balbala Oromoo Shawaa
 - D. Hundinuu deebii sirriidha.
12. Lammii Jarmaan kan ta'e, 'John L. Kiraaf' Shawaa seenuudhaan sabni Oromoo Waaqa tokkichatti sagadee jiraachuusaa erga baree booda Afaan Oromoo baruudhaan wangeela isaaniif lallabuu kan murteesse yoomiidha?
 - A. Mudde, 1841 A.L.A
 - B. Caamsaa, 1845 A.L.A
 - C. Caamsaa, 1839 A.L.A
 - D. Waxabajjii, 1840 A.L.A
13. 'John L. Kiraaf' Wangeela Yohaannisiin namoota Oromoo tokko tokkoo wajjin ta'ee Qubee Laatiniin fayyadamee gara Afaan Oromootti jijjiiree barreessuu isaa xalayaa ibsu waldaa mana sagadaa isa qacareef kan barreesse bara kamiidha?
 - A. Mudde 1, 1840 A.L.A
 - B. Ebla 25, 1840 A.L.A
 - C. Amajjii 10, 1845 A.L.A
 - D. Fulbaana 18, 1841 A.L.A

14. Kiraaf Wangeelota arfanuu (Mathew, Mark, Luke and John) Afaan Oromootti hiikuun kan barreesse bara kamiidha?
- A. 1843—1844 A.L.A tti B. 1841—1842 A.L.A tti
C. 1840—1843 A.L.A tti D. 1839—1842 A.L.A tti
15. Akka Pirofesar Pankirast barreesetti, Kiraaf boqonnaaf biyyasaa erga galee booda, Itiyoophiyaatti deebi'ee hojiisaa hojjechuuf yeroo ka'etti akka hindandeenyeef sababa kan ta'e maali?
- A. Mootummaan Abisiiniyaa, Sahile Sillaaseen hariiroo hayyoota Awurooppaa waliin qabu guutummaatti waan addaan kuteefidha.
B. Kiraaf hojii isaa yeroo kennametti xumuruu waan dadhabeefidha.
C. Kiraaf biyya Itiyoophiyaa keessatti yakka waan raawwateefidha.
D. Luboonni Abisiiniyaa (Orthodox priests), “Wangeelli Kiraaf lallabaa ture sirrii miti” jechuudhaan Sahile Sillaaseetti waan himataniif ture.
16. Kiraaf, Macaafa Qulqulluu kakuu haaraa maxxansiisuuf gara Kiriishoonatti kan erge bara kamidha?
- A. 1865 A.L.A B. 1869 A.L.A C. 1868 A.L.A D. 1858 A.L.A
17. Minilik, Alaqaa Zannab akka hojiisaa itti fufu waan gaafateef, kitaabota Musee Kiriishoonatti erguun karaa Kiraaf maxxansiise bara kami?
- A. 1887 A.L.A B. 1877 A.L.A C. 1897 A.L.A D. 1978 A.L.A
18. Onesmos Nesib kitaaba amantaa ‘Macaafa Qulqulluu Kakuu Haaraa’ jedhu afaan biroo irraa gara Afaan Oromootti jijjiiree kan xumure bara kam keessa?
- A. 1839 A.L.A. B. 1893 A.L.A. C. 1939 A.L.A. D. 1855 A.L.A.
19. Kitaaba Onesmosiin barreeffame ‘Jalqaba barsiisaa’ kan jedhu ilaalchisee kan dhugaa hintaane kami?
- A. Kitaabichi fuula 147 qaba. B. Qabiyyeen isaa jechoota 3600 qaba.
C. Oduu durii baay'inaan 39 ta'u ofkeessaa qaba. D. Afoola Oromoo of-keessatti qabateera.
20. Macaafni Qulqulluu Kakuu Haaraafi Moofaa bara 1897 A.L.A. afaan kami irraa gara Afaan Oromootti jijjiirame?
- A. Afaan Hibruu B. Afaan Amaaraa C. Afaan Siwudinii D. Afaan Faransaayi
21. Kitaaba ‘Kaatekiismoos’ jedhamu bara 1853 A.L.A. Qubee Laatiniitiin gara afaan Oromootti kan jijjiire eenyu?
- A. Onesmos Nesib B. Aster Gannoo C. Abun Jacob D. Luter King
22. Qabiyyeen kitaaba ‘Kaatekiismoos’ maali?
- A. Aadaa B. Amantaa C. Siyaasa D. Diinagdee
23. Onesmos gargaartota isaafi maatii isaa waliin adeemsa gara biyya Oromiyaatti bara 1903 A.L.A. kan eegalan bara kam Naqamteen ga'an?
- A. 1903 A.L.A. B. 1904 A.L.A. C. 1905 A.L.A. D. 1906 A.L.A.

24. Barri hammaattuun Onesmos irratti Afaan Oromoo barsiisuun diina itti hortee fi dhiibbaan garaagaraa karaa luboota Ortodoksiin irratti ta'aa ture bara kami?
A. 1931 A.L.A. B. 1928 A.L.A. C. 1915 A.L.A. D. 1903 A.L.A.
25. Kitaaba Dr. Barth, isa 'Si'a lama oduu shantamii lama' kan afaan biroo irraa gara Afaan Oromootti namni hiike/te eenyu?
A. Onesmos Nesib B. Aster Gannoo C. Liidiyaa D. Luba Dafa Jamoo
26. Mootummaan Haayile Sillaasee, Sheek Bakrii Saaphaloo Dirree Dawwaa keessaa akka hinbaane maaliif dhorke?
A. Dirree Dawaatti hojii gaarii akka hojjetuuf B. Uummata Oromoorraa isa fageessuuf
C. Taayitaa addaaf isa barbaadeeti D. Deebii sirriin hinkennamne
27. Kitaabni og-barruu 'Huursaa' jedhamu bara 1969 A.L.A. barreeffamee kan maxxanfame xiyyeeffannoon isaa maali?
A. Hiyyummaa balleessuuf waliin hojjechuu B. Gabrummaa siyaasaa jalaa ba'uuf waliin hojjechuu
C. Aadaa ofii gabbisuuf waliin hojjechuu D. Afi B'n deebiidha.
28. Og-barruu 'Safuu Biyyaa' jedhu kan maxxanse eenyu?
A. Joomardi B. Onesmos Nesib C. Aster Gannoo D. Luba Dafa Jamoo
29. Kitaabni 'Aadaa Oromoo Wallaggaa' jedhu qabiyyeen aadaarratti xiyyeeffate Luba Dafa Jamoon maxxanfame yoomi?
A. 1980 A.L.A. B. 1974 A.L.A. C. 1983 A.L.A. D. 1969 A.L.A.
30. Sheek Bakrii Saaphaloo, cunqursaa Haayile Sillaaseen hiraarfamaa kan ture erga Dargiin aangoo qabatee booda lubbuun jiraachuu isaaf sodaachisaa ture. Gara biroottis baqatee ture. Bakki inni itti baqatee ture eessa?
A. Somaaliyaa B. Suudaan C. Keeniyaa D. Liibiyaa
31. Barreeffamoonni Lubni Dafa Jamoo ittiin barreesse qubee maaliin ture?
A. Laatiinii B. Saabaa C. Lamaanuu fayyadameera.
32. Sheek Bakrii Saaphaloo "Abbaa Walaloo Warraaqsa Oromoo" jechuun kitaaba ofii barreesse keessatti namni moggaasa kana Sheek Bakrii Saaphaloof moggaase eenyu?
A. Luba Dafa Jammoo B. Alaqaa Zannab C. Maahadii Hamiid Muudee D. Hasan Ali
33. Lammiilee biyya alaa keessaa Waareefi Gaboo akka madda ragaatti gargaaramuudhaan yeroo jalqabaaf Afaan Oromoo afaan barreeffamaa kan taasise eenyu?
A. Joomardi B. Kaarl Tuuscheek C. Joon Kiraaf D. Luter
34. Afoola Oromoo armaan gadii keessaa kan Joomardi hin barreessii kami?
A. Kadhaa Waaqayyoo B. Sirba Jaalalaa C. Sirba Lolaa D. Kuusaa Sagalee Oromoo
35. Namichi lammii Jarmanii bara 1839 A.L.A. biyya Oromoo Shawwaa seenuun afaan uummatichaa baruun afaanichaan uummatichaaf Wangeela lallabuuf yaalii gochaa ture eenyu jedhama?
A. Joomardi B. Kaarl Tuuscheek C. Joon Kiraaf D. Loorinzii
36. Bara 1995 A.L.A. namni M. Borello jedhamu galmee jechootaa mata-dureen isaa "Dizionario Oromo Italiano" jedhamu magaalaa kamitti maxxansiise?
A. Abuja B. Hamburg C. Addis Ababa D. Chinguhum
37. Kitaabni seer-luga Afaan Oromoo mata-dureen isaa, "Grammatica Oromona Ossia della Lingula" jedhamu bara 1885 A.L.A. magaalaa 'Napol' keessatti eenyuun maxxanfame?
A. Scolart B. Viterbo C. Owens D. Walker

38. Asoosamni Afaan Oromoo guutummaa guutuutti ruuqolee asoosamaa hunda ibsuu dhabus jalqaba Afaan Oromoon Luba Dafaa Jamoon kan barreeffame mata-dureen isaa maal jedha?
A. Godaannisa B. Kuusaa Gadoo C. Huursaa D. Suuraa Abdii
39. Maartiin Nordifildit, kan jedhamu namichi lammii Siwiidiniin kitaaba Galata Waaqayyoo Gooftaa Maccaa jedhu bara kam maxxansiise?
A. 1952 A.L.A. B. 1925 A.L.A. C. 1965 A.L.A. D. 1954 A.L.A.
40. Galaalchaa(Gaazeexaa) yeroo ammaa kana oduu biyya keessaafi alaa dhiyeessuun akkasumas, aadaa uummataa ibsuun kan maxxanfamaa jiru kami?
A. Bariisaa B. Oromiyaa C. Kallacha Oromiyaa D. Hunda

DEEBII GAAFFILEE

**DEEBII GAAFFILEE KOORSII SAKATTA’A OGBARRUU OROMOO
(AFOR 211)**

1. B	11. D	21. C	31. B
2. D	12. C	22. B	32. C
3. C	13. A	23. B	33. A
4. D	14. B	24. C	34. D
5. B	15. D	25. B	35. C
6. C	16. C	26. B	36. B
7. C	17. B	27. A	37. A
8. A	18. B	28. D	38. C
9. A	19. A	29. B	39. A
10. B	20. C	30. A	40. D